# Mirgoota Bu'uraa Fayyadamtoota Wiirtuu Wal'aansa Baqaqsanii Hodhuu Yeroo Gabaabaa Bulchiinsa Mineesootaa

## Tumaa SeeraIttiin Bulmaataa Bulchiinsa Mineesootaa 2004

## 144.651 Dhukkubsattoota fi raawwattoota kenniinsa tajaajila fayyaa;mirgoota bu'uraa

Qaamota Kutaalee 1. **Kaayyoo tumamuu seera.** Kaayyoon seera tumamee fi gaheen kutaa kanaa fedhii fi nageenyummaa dhukkubsattootaa fi raawwattoota kunuunsa fayyaa cimsuufi. Tajaajilli fayyaa kamiyyuu, dhukkubsataas ta'ee raawwataa tajaajila fayyaa, fayyadamtoota tajaajilaa taasisuuf, morgoota kanneen irraa daangessuu hin barbaachisu. Namni dhukkubsatichaaf itti dhiyeenyaan eegumsa taasisu yookan raawwataan tajaajila fayyaa, yookan bakka namni dhukkubsataa dhiyeenyaan hordofu hin jirretti namni fedhii qabu biroo, bakka dhukkubsataa fi raawwataa fayyaa bu'eemirgoonni kunneen akka kabajamaniif gaaffachuu ni danda'a. Dhukkubsattoota namoota itti dhiyeenyaan isaan eeguuf qaama bulchiinsaa yookan haqaa irraa eeyyama seera qabeessa qaban, yookan raawwattoota kenniinsa tajaajila fayyaa, bakka bu'uudhaan namni fadhii qabu kamiyyuu mirgoonni kunneen akka kabajamaniif gaafachuu ni danda'a. Hojii gaariif hanga ta'etti, raawwiin hojiirra olmaa tajaajila kunuunsa fayyaa, haala yaada nama itti dhiyeenyaan hordofuu ilaalcha keessa galcheen gaggeeffamuu danda'a. Kaayyoon kutaa kanaa, dhukkubsataan kamiyyuu filannoowwan jiran beekuu fi murteewwan dhuunfaa isaa dabarfachuu dabalatee, mirgi bilisummaa amantaa fi

hawaasummaa isaa haala hin cabnetti, hanga danda'ametti mirgoonni kunneen akka hojiirra oolaniifi.

## Ibsawwan

Qaamota Kutaalee 2. **Ibsawwan.** Hiikkoon "dhukkubsataa" jedhuu fi qaamota kutaalee lakkoofsa 4 hanga 9, 12,13,15,16, fi 18 hanga 20 tti jiruu kan agarsiisu, wiirtuu wal'aansa baqaqsanii hodhuu yeroo gabaabaatti nama tajaajilawwan kunuunsa fayyaa fudhatuufi.

Qaamota Kutaalee 4. **Odeeffannoo mirgootaa.** Tajaajilamtoonni wal'aansa argachuuf jedhan, tajaajila argatan keessattidhiyeessichi fayyaa, tajaajila fayyaa hawaasaa kennamuu yookan turmaata wal'aansaa hunda keessatti eegumsi mirgootaa seera qabeessa ta'an akka jiran, mirgoonni kutaa kana keessatti qabatamaan raawwachuu danda'anii fi barreeffamaan jiran akka argaman tajaajilichi yeroo jalqabuuf jedhutti itti himamuu qaba. Namoota waliigaluu irratti hanqina qabanii fi namoota Afaan Ingiliziitiin ala dubbataniif bifa amansiisaa ta'een haalli itti hubannoo argatan mijaawuu qaba. Imaammanniwwan tataajilaa wayitaawaa, argannoowwan qorannoo oggansa fayyaa naannawaa fi bulchiinsaa, fi ibsiwwan mirgootaa biroo barreeffamaan jiran, dhukkubsattootaaf, namoota dhukkubsattootatti dhiyeenyaan eeganiif, yookan bakka bu'oota isaanii oggansa yookan miseensa biroo ramadameen, akkaataa Boqonnaa 13, Seera Qabiinsa Ragaa Bulchiinsaa, fi kutaa 626.557, haala ga'eessota miidhamaniin walqabateen jiru dhukkubsattootaaf dhiyaachuu qabaata.

Qaamota Kutaalee 5. **Naamusaan keessummaayuu.** Dhukkubsattoonni qaxaramtoota yookan namoota tajaajila kunuunsa fayyaa kennaniin naamusaan qabamuu fi eenyummaan isaanii kabajamuuf mirga qabu.

Qaamota Kutaalee 6. **Tajaajila fayyaa gahuumsa qabu.** Fedhii dhuunfaa bu'ureeffachuudhaan, dhukkubsattoonni, kunuunsa dhuunfaa fi wal'aansa fayyaa gahuumsa qabu argachuuf mirga ni qabaatu.

Qaamota Kutaalee 7. **Eenyummaa ogeessa fayyaa.** Maqaan, teessoon hojii, lakkoofsi bilbilaa, ogummaan ittiinbeekamtii fi kanneen biroo ogeessicha fayyaa tajaajilicha qindeessuu dhukkubsattootaan beekamuu yookan barreefafamaan kennamuufii qaba. Waantonni wal'aansicha keessatti akka raawwatamaniif hin gorfamne, akkaatuma ogeessi wal'aansicha hordofu galmee dhukkubsataa keessatti qabuun, odeeffannoowwan jiran, nama dhukkubsataa dhiyeenyaan eeguuf yookan nama biraa bakkab'uu ramadameef kennamuu qaba.

Qaamota Kutaalee 8. **Walitti-dhufeenya tajaajilawwan fayyaa biro waliin jiru.** Dhukkubsattoonni tajaajilawwan qaama alaa irraa argatan, gaaffii dhiyaatuun, eenyuummaan qaama dhiyeessuu itti himamuu qabaata. Odeeffannoon kennamu maqaa, teessoo, fi ibsa tajaajila qaama tajaajila alaa dhiyeessuu qabaachuu qaba. Waantonni wal'aansicha keessatti akka raawwatamaniif hin gorfamne, akkaatuma ogeessi wal'aansicha hordofu galmee dhukkubsataa keessatti qabuun, odeeffannoowwan jiran, nama dhukkubsataa dhiyeenyaan

eeguuf yookan nama biraa dhukkubsataadhaan bakka akka bu’uuf ramadameef kennamuu qaba.

Qaamota Kutaalee 9. **Odeeffannoo waa’ee wal’aansaa.** Dhukkubsattoonni, bu’aa qorannoo dhukkubichaa, wal’aansa, filannoowwan, balaawwan, fi raaga haala fuula duraa isaanii irratti odeeffannoo wayitaawaa fi guutuu ta’e ogeessa fayyaaisaanii irraa argachuu qabaatu. Odeeffannoon kun haala fi afaan dhukkubsatichi ittiin hubachuu danda’a jedhamee amanamuun ta’uu qaba. Dhukkubsattoonni miseensa maatii isaanii yookan nama biroo bakka bu’uu danda’uun hordofamuu danda’u. Odeeffannoon kun wal’aansi fi filannoowwan jiran, dhimmootafayyaa fi xiinsammuu hordofsiisuu danda’an, qabaachuu qaba. Waantonni wal’aansicha keessatti akka raawwatamaniif hin gorfamne yoo jiraatan, akkaatuma ogeessi wal’aansicha hordofu galmee dhukkubsataa keessatti qabuun, odeeffannoowwan jiran, nama dhukkubsataa dhiyeenyaan eeguuf yookan nama biraa bakkab’uu ramadameef kennamuu qaba. Namoonni odeeffannoo kana diduuf mirga ni qabu.

Namni kaansarii harmaatiin qabame hundi wal’aansicha jalqabuudhaan dura yookan yeroo wal’aansichi jalqabuuf jedhutti yookan yeroo turmaataa ishee keessatti, wal’aansa baqaqsanii hodhuu, raadiyoolojii (radiology), yookan keemooteeraappii (chemotherapy) yookan wal’aansawwan biroo walta’iinsaan kennamanii fi balaawwan filannoowwan hundi qabaachuu danda’an dabalatee, filannoowwan wal’aansaa bu’a qabeessa ta’an biroo jiraniifi ogeessichi hubachiisuu danda’u irratti odeeffannoo guutuu argachuu qabdi.

Qaamota Kutaalee 12. **Mirga kunuunsa diduu.** Odeeffannoo qaama kutaa 9 irratti taa'e bu'ureeffachuudhaan dhukkubsataan gahuumsa qabu mirga wal'aansa diduu ni qabaata. Yoo dhukkubsatichi haala jiru hubachuu kan hin dandeenye ta'ee garuu akka gahuumsa hin qabne qaama seeraatiin akka deeggarsa barbaadu murtaa'ee hin jiru yoo ta'e, yookan yoo ulaagaaleen seeraa mirga diduu isaa kan daangessan ta'e, haalliwwan waliigalaa jiran bifa guutuu ta'een ogeessicha fayyaatiin galmee wal'aansa namichaa keessatti kaayamuu qabu.

Qaamota Kutaalee 13. **Yaaliiwwan qorannoo.** Dhukkubsatichi yaalii qorannoo irratti hirmaachuu isaatiin dura odeeffannoon eyyamaa, barreeffamaan kennamuun dirqama. Dhukkubsattoonni mirga hirmaachuu diduu ni qabaatu. Eyyamnis ta'ee diddaan galmee wal'aansaa dhuunfa keessatti qabamuu qabaata.

Qaamota Kutaalee 15. **Icitii eeguu wal'aansaa.** Akkatuma sagantaa fayyaa fi kunuunsa dhuunfaa isaaniitti, dhukkubsattoonni mirga kabajamuu fi icitiin isaanii eegamuu ni qabaatu. Dhimmootni marii, gorsi, qorannoon, fi wal'aansi icitummaa isaanii bifa eegamee fi haala mufannaa hin uumneen gaggeeffamuu qabu. Yeroo manni fincaanii fayyadamu, qaamni dhiqatamutti, fi sochiiwwan qulqullina dhuunfaa gaggeeffamanitti, yoo nageenyummaa fi deeggarsaaf namni barbaachiseen ala qofaaf icitiin dhimma bayachuun kabajamuu qaba.

Qaamota Kutaalee 16. **Icitiin qabamuu galmeewwanii.** Ragaawwan dhuunfaa isaanii fi wal'aansa isaanii icitiin qabamuu isaanii dabalatee, ragaawwan isaanii nama biraa

kunuunsichaan ala jiraniif kennuu fi diduuf kan danda'an ta'uu isaa dhukkubsattootaaf mirkanaa'uu qaba. Garagalchi galmeewwanii fi odeeffannoowwan barreeffamaa galmicha keessa jiran haala qaama fi kutaa 144.335 tiin argamuu qabaata. Mirgoonni kunneen gamaaggamaa fi qorannoo komii Bulchiinsa Damee Fayyaa, raawwii waliigaltee kaffaltiitiif qaama sadaffaan gaafatamu, yookan haalawwan ajaja seeraa irratti hojiirra kan oolan hinta'u.

Qaamota Kutaalee 18. **Tajaajila deebii kennuu.** Dhukkubsattoonni gaaffii fi fedhiin isaanii bifa barbaadamuu fiamansiisaa ta'een deebii akka argatuuf mirga ni qabaatu.

Qaamota Kutaalee 19. **Icitii dhuunfaa.** Dhukkubsattoonni, haala hawaasummaa, amantaa fi xiinsammuu isaanii waliin walmadaaluun, tokkoon tokkoon icitiiwwan dhuunfaa isaanii, eenyummaa isaanii fi mallattoonaadaa isaanii gatii akka qabaataniif mirga ni qabaatu. Hojjattoonni dhiyeessa tajaajilaa icitii kutaa raawwataa tajaajila fayyaatiif kabaja kennuuf seenuun dura, yoo balaa tasaa fi bifa amansiisaa ta'een barbaachiseen ala, balbala rurrukutuudhaan eeyyamsiisuu qaba.

Qaamota Kutaalee 20. **Komii.** Dhukkubsattoonni, akka dhukkubsattootaa fi lammiileetti, turmaata tajaajila isaanii yookan adeemsa wal'aansaa isaanii keessatti, mirgoota isaanii akka beekanii fi akka itti fayyadamaniif deeggaramuu fi jajjabeeffamuu qabu. Dhukkubsattoonni dhiphina, dhiibbaa, dirqisiifamuu, loogii, yookan haaloo bayamuu, akkasumas, sodaa tajaajila mulqamuu irraa bilisa ta'anii komii isaanii dhageessifachuu fi imaammannii fi tajaajilli akka jijjiiramuuf hojjattoota tajaajilaa fi qaama biraa barbaadaniif yaadakennuu

danda'u. Beeksisti adeemsa komii dhiyeeffachuu kenniinsa tajaajilichaa yookan sagantichaa, akkasumas, teessoon fi lakkoofsi bilbilaa Wajjira Keessummeessaa Komii Tajaajila Fayyaa fi abbagaar wal'aansa manaa naannawaa akkaataa Seera Moofaa Ameerikaa kutaa 307(a)(12)tti, bakka salphaatti argamuu danda'utti maxxansamuu qaba.

Komiiwwan tajaajila wal'aansa baqaqsanii hodhuu yeroo gabaabaa guyyaa tokko hin caalle kutaa 144.691 fi komiiwwan eegumsa fayyaa hawaasaa kutaa 62D.11 waliin dhiyaatan, adeemsa dhiyeessa komii keessaa barreeffamaa akka ta'etti amanama.

**EJENSICHA YOOKAN NAMA TAJAAJILAWWAN BAQAQSANII HODHUU YEROO GABAABAA GUYYAA TOKKO HIN CAALLE KANA ISINIIF DHIYEESSU IRRATTI KOMII YOO QABAATTAN BILBILUU, BARREESSUU, YOOKAN BULCHIINSA MINESOOTAA DAMEE FAYYAATTI, WAJJIRA KEESSUMMEESSAA KOMII TAJAAJILA FAYYAATTI QAAMAANARGAMUUNDHIYEEFFACHUU DANDEESSU. ABBAGAAR TAJAAJILA YEROO DHEERAAS QUNNAMUU NI DANDEESSU.**

**Waajjira Iyyannoowwan Tajaajila Fayyaa**
**(Office of Health Facility Complaints)**
(651) 201-4201
1-800-369-7994
Faaksii: (651) 281-9796
**Sanduuqa Poostaa:**
Minnesota Department of Health
Office of Health Facility Complaints
85 East Seventh Place, Suite 300
P.O. Box 64970
St. Paul, Minnesota 55164-0970

**Kunuunsa Yeroo Dheeraatiif Abbagaar**
**(Ombudsman for Long-Term Care)**
(651) 431-2555
1-800-657-3591
Faaksii: (651) 431-7452
**Sanduuqa Poostaa:**
Ombudsman for Long-Term Care
PO Box 64971
St. Paul, MN 55164-0971